Utlendingsdirektoratet
Norwegian Directorate
of Immigration

# Ibsa dhuunfaa galii fi qabeenyaa

**Maqaa**

**Maqaa akaakayyu**

**Lakkoofsa DUF**

Seerota gargaarsa dinagdee ilaallatanii fi maxxannee murteewwan buaalee biro, hidhaa «Ummata mooraa simannaa baqattotaa keessa jiraataniif seera gargaarsa dinagdeee» (Seera maallaqaa) jedhu kana keessatti argata.

UDI dinagdeen kan sigargaaru waan ittiin ofjiraachiftu yoo dhabde qofa. Galii fi/ yokin qabeenyaa qabda taanaan waan ittiin ofjiraachistu qabda jechuu dha. Yeroo kanas gargaarsi dinagdee siif hinkennamu. Yokin ammoo guddina galii fi/yokin qabeenyaa kee waliin madaalamee kan kennamu qabu irraa hirratee sii kennama.

## Galii yokin qabeenyaa qabaachuu kee beeksifadhu

Gargaarsi dinagdee sirri ta'e akka sii kennamu, galii yokinis qabeenyaa yoo qabaatte dirqiitti bulchiinsa moraa simannaa baqattotaa keessa jiraattutti beeksifachuu qabda. Kanas kan raawwattu ibsa dhunfaa kana irratti mallatteessuuni. Odeeffannoon ati kennitu dhimma irra kan oolu gargaarsa dinagdee siif kennamu qabu herreguuf qofa ta'a.

## Waraqaa ragaa dhiheeffadhu

Mooraan simannaa baqattootaa yoo sigaafatu, gargaarsa dinagdee argachuuf ammallee imaamata akka guuttu kan agarsiisu waraqaa ragaa dhiheessuun sitti jira. Waraqaa ragaa UDI sii gaafatu hindhiyeeffattu taanaan, gargaarsi dinagdee sii kennamu ni dhaabbata.

**Waraqoolee ragaa harmaan gaditti tuqaman dhiheessu qabda:**

- Yoo galiin kan kee mindaa dha ta’e, garagalchii waraqaa mindaa isa dhumaa
- Yoo galiin kee mindaa dha ta’e, garagalchii kontiraata yokin waliigaltee hojii
- Yoo lakkoofsa kusa baankii (bankkonto) norskii qabda ta’e, garagalchii waraqaa maallaqa baankii keessaa qabdu agarsiisu kan baati darbee
- Gibira waggaa darbee ilaalchisee hoggana dhimmi kun ilaalu irraa (ligningsmyndighet) waraqaa sii kenname garagalchii isaa
- Baatiiwwan 12maan daraban keessatti kaffaltiin argate jiraachuuf hinjiraanne isaa kan agarsiisu waraqaa NAV sii kenne

## Ibsa dhuunfaa

☐ Qabiyyee fi hiikkoo ibsa dhuunfaa kanaa hubadheen jira. Haga naa danda’amettis odeeffannoo sirrii ta’e kennen jira.

☐ Qabeenyaa fi galii ilaalchisee odeefannoo barbaachisu bulchiinsa moraa simannaa baqattotaaf kenneera. Gara fuula duraatti yeroon moraa simannaa baqattootaa keessa jiraadhu galii fi qabeenyaan horadha yoo ta’e, waaye kanaa bulchiinsa moorichaa beeksisuuf, akkasumas waraqaa ragaa barbaachisaa ta’e dhiheessuuf dirqama of irraa qaba. Dirqamni kun jijjirama galii yokin qabeenyaa koo irra gahus ni’ilaallata.

☐ Yoon beekaa odeeffanno sirri hintaane kenne, yokin galii fi qabeenyaan qabu ilaalchise odeeffanno jiru yoon dhokse polisiitti akkan gabaafamu beekee jira.

☐ Yoon beekaa odeeffanno sirri hintaane kenne, yokin galii fi qabeenyaan qabu ilaalchise odeeffanno jiru yoon dhokse gargaarsi dinagdee naaf kennamu akka muramu, yokin gutummaatti akka dhaabatu beekee jira.

Guyyaa

Mallattoo koolagaltu

Mallattoo hojjataa mooraa baqattootaa